والله في عون العبد ما كان العبد في عون أخيه

Rabbiin gabrichaa isaa nigargaara waan inni obboleessa isaa gargaareen.

*Hadiisa kana abuu hureyra`aatu nabi Muhammadirraa, nuu odeesse , nageenyi isarratti haa jiraatuu	عَنْ أبي هُرَيرَةَ ﷺعَنِ النبي ﷺ
*Nabi Muhammad akki je`e	قالَ
*Namni mu`minarraa , cinqii adduny-a`aa takkitti deemsise , hori`iin takkaa beekkomsaan , takkaa gargaarsan	مَنْ نَفَّسَ عَنْ مُؤْمِنٍ كُرْبَةً مِنْ كُرَبِ الدُّنْيا
*Rabbiin cinqii guyyaa qiyaama`aati , isarraa deemsisa takka isa fura	نَفَّسَ اللّهِ عَنْهُ كُرْبَةً مِنْ كُرَبِ يومِ القِيامَةِ
*Namni nama deynii , takkaa mu-goota , isarraa fuudhee , waan isaaf galchu dhabeef ,dubbii laaffise , qa-axaroo achi dheeresseefii , hanga horii argatee , isaa kafaluu danfayutti, tak-kaa deyniidharraa yookaa mugoo-tarraa waa dhiisefii, irraa isa qulqulle-eysee , akkatti rakkoo keessaa isa baase	وَمَنْ يسَّرَ على مُعْسِرٍ
*Rabbiin addunya`aafii , aakhira`atti waan isatti jabaate hunda isarratti laaffisa, takkaa isa fura	يسَّرَ اللّه عَلَيهِ في الدُّنْيا والآخِرَةَ

*Namni addunyaa tanarratti kafaana muslimatti qabe , yoo daare uwwisee takkaa qaanii isaa dhoyse waan hamtuu inni dalage namatti odeessuu dhabu`uun isa basaasuu dhabu`uun , akkuma Rabbiin je`e { walaa tajassasuu }{ ولا تجسسو } walin basaasinaa , kafana walirraan fuudhi naa lukkee walitti hin tayinaa jechu`uu , duuba nama akkatti , nama sattare, Rabbiin addunya`atti isa sattara qaanii isaa, waan hamtuu inni dalage hunda namarraa dhoysa	وَمَنْ سَتَرَ مُسْلِماً سَتَرَهُ اللّه في الدُّنْيا والآخِرَةِ
*Rabbiin gabricha isaa gargaaruu hin dhiisu, waan gabrichi dalagaa obboleessa isaa gargaaru`uu keessa jiruun	واللّه في عَوْنِ العَبْدِ ما كانَ العَبْدُ في عَوْن أخيهِ
*Namni beekkomsa haqaa ,tokko barbaadu`uuf karaa tokko seene	وَمَنْ سَلَكَ طَريقا يلْتَمِسُ فِيهِ عِلْما
*Rabbiin sababaa saniin, karaa jannataa isaaf laaffisa	سَهَّلَ اللّه لَهُ بِهِ طَريقاً إلى الجنَّةِ
*Yoo jamaa`an tokko masjida Rabbii keessatti walitti qabame	وما اجْتَمَعَ قَوْمٌ في بَيت مِنْ بُيوتِ اللّه
*Kanneen,qur`aana ara`an	يتْلُونَ كتاب اللّه
*Kanneen ma`naa isaa wal barsiisan	وَيتَدارَسونهُ بَينَهُمْ
*Kan{sakiinan} isaan itti buu tu malee hafan hin tayan {sakiinaa} jechuun rahmata takkaa ulfina takkaa gammachuudha	إلاَّ نَزَلَتْ عَلَيهِمُ السَّكِينةُ
*Ammallee kanneen rahmanni Rabbii bakka sanitti isaan hagoogu malee , in tayan	وَغَشِيتْهُمُ الرَّحْمَةُ

***Ammallee kanneen malaaykan isaanin marsitee dhaabbattu malee , hin tayan**	**وَحَفَّتْهُمُ المَلائِكَةُ**
***Rabbiin jara qur`aana qara`u`uuf walitti qabame san , warra isa bira jiru keessatti isaan dubbata warra akka anbiya`aa malaayka`aa,keessatti isaan dubbata , isaan guddisu`uu jecha .**	**وَذَكَرَهُمُ اللّه فيمَنْ عِنْدَهُ**
***Namni dalagaan isaa booda isa aansite ,takkaa xiqqeessite ,nasabni isaa takkaa gosti isaa , dura isa hin aansisu,takkaa isa hin guddiftu**	**وَمَنْ أبْطأ بهِ عَمَلُهُ لم يسْرعْ بِهِ نَسَبُهُ**
***Hadiisa kana muslimtu odeesse**	**رَوَاهُ مُسْلِمٌ بِهَذَا اللَّفْظِ**